Employment Security Department
WASHINGTON STATE

Ulaagaalee hojii barbaaduu

Ulaagaalee hojii barbaaduu deebi'anii jiru.

Sababa balaa COVID-19tin, Bulchaan, deeggarsa Qaama Seera Baasutiin, jalqaba weerarichatti yeroodhaaf dhorkee ture. Diinagdeen fooyya'aa waan jiruuf, ulaagaalen hojii barbaaduu deebi'anii jiru. Kana jechuun faayidaalee hoji-dhabdummaatif gahumsa qabaachuu itti fufuuf dirqama hojii barbaaduu fi yoo xiqqaate sochiiwwan barbaacha hojii mirkanaa'oo sadii torbee hunda galmeessisuu qabdu jechuudha.

Ulaagaalen hojii barbaaduu yoom gara hojiitti deebi'u?

Sochiilee hojii barbaaduu torbeewwan Adoolessa 4-Adoolessa 10 jalqabaa.

Sochiilee sanneen torbee Adoolessa 11 irraa eegalun, akkasumas sana booda torbee hunda faayidaaleen isin barbaachisanitti gabaasaa.

Fuula kana irra

- **Tarree sochiilee barbaacha hojii**
- **Gaaffilee irra deddeebi'amanii gaafataman**
- **Hojii barbaaduu irratti deeggarsa argadhaa**

Tarree sochiilee barbaacha hojii

Sochiileen barbaacha hojii akka isinii hojjetan godhaa

Chaartin armaan gadii tarreeffama sochiilee barbaacha hojii yeroo ammaa mirkanaa'an hammata. Yoo inshuraansii yeroo hundaa hoji-dhabdummaa yookan PEUC (Pandemic Emergency Unemployment Compensation, Deeggarsa Hoji-dhabdummaa Weeraraa) fudhachaa jiraattan, faayidaaledhaaf gahumsa qabaachuu itti fufuudhaf torbee torbeedhan sadi guutuu qabdu. Yoo PUA (Pandemic Unemployment Assistance, Deeggarsa Hoji-dhabdummaa Weeraraa) fudhachaa jiraattan, sadi akka guuttan cimsinee isin gorsinu illee, sochii mirkanaa'a tokko guutuu qabdu.

Barbaacha hojii keessan hiika qabeessa gochuudhaf, tarreeffama kana yeroo dhihoo babal'ifnee jirra – akkasumas filannoowwan hedduu many karaa virchuwaalii raawwatamuu danda'an dhiheessinee jirra!

Qacartoonni isteetii guutuu keessatti qacaru, kanaaf muuxannoon yookan induustiriin keessan kan fedhe ta'us, sochiilen barbaacha hojii kunneen akka isiniif hojjetu godha akkasumas hojii baay'ee barbaaddan akka argattan isin gargaara.

Gosa sochii	Sochii barbaacha hojii mirkanaa'e	Yaadota galmee	Faayidaalee Babal'atanii* Mirkakanaa'e
Odeeffannoo qunnamtii qacaraa	Odeeffannoo qunnamtii qacaraa (iyyata, af-gaaffii odeeffannoo, af-gaaffii hojii, haasawa yookan iimeelii hordofaa)	Qixa hojii yookan lakkoofsa wabii, qacaraa yookan maqaa daldalaa, odeeffannoo akkamitti akka walqunnamtii gootan irratti (qaaman, sarara interneetii irraan, bilbilaan, iimeelii, yookan kan biraa) qacaraa yookan odeeffannoo qunnamtii daldalaa	X
WorkSource	WorkSourceWA.com irratti akkaawuntii uumaa	Fuula akkaawuntii keessaanii suuraa kaasaa	
WorkSource	Guduunfaa gabaabduu seenaa hojii keessanii WorkSourceWA.comirratti fe'aa akkasumas qacartootaf yommuu barbaadan akka argamu godhaa	Garagalcha guduunfaa gabaabduu seenaa hojii keessanii suuraa kaasaa	
WorkSource	Workishoppii WorkSource dhan ispoonsara ta'e kan qaaman hordofan yookan virchuwaalii irratti hirmaadhaa	Maqaa workishoppii, guyyaa, yeroo, fi iddoo	
WorkSource	Agarsiisa hojii yookan qophii qacarrii WorkSource dhan ispoonsara ta'e kan qaaman hordofan yookan virchuwaalii irratti hirmaadhaa akkasumas yoo xiqqaate qacaraa tokko dubbisaa	Maqaa qophichaa, guyyaa fi odeeffannoo waa'ee eessattii fi akkamitti akka hordofatan, maqaa qacaraa	
WorkSource	Kilabii hojii WorkSource dhan ispoonsara ta'e irratti hirmaadhaa	Maqaa kilabichaa, guyyaa, fi akkamittii fi eessatti akka hordoftan	

WorkSource	Jalqaba RESEA (Reemployment Services and Eligibility Assessment, Tajaajiloota Lammata Qacaruu fi Qorannoo Gahumsaa) irratti hirmaadhaa yookan beellamoota hordofaa	Maqaa sochii, guyyaa, fi eessatti yookan akkamitti xumuurame
WorkSource	Kilabii hojii waliigalaa WorkSource dhan ispoonsara ta'e irratti hirmaadhaa	Maqaa sochii, guyyaa, fi akkamittii fi eessatti akka hordoftan (virchuwaalii yookan qaaman)
WorkSource	Waa'ee tajaajiloota Title I baruuf ogeessa WorkSource yookan leenjisaa hojii waliin wal argaa	Maqaa sochii, guyyaa, fi eessatti yookan akkamitti akka xumuurame
WorkSource	Sagantaa WIOA Title I-B keessatti galmaa'aa akkasumas Karoora Qacarrii Dhuunfaa qopheessaa	Maqaa sochii, guyyaa, fi eessatti yookan akkamitti akka xumuurame
WorkSource	Sagantaa WIOA Title I-B keessatti galmaa'aa akkasumas yoo xiqqaate bu'uura tokko yookan tajaajila hojii dhuunfadhaaf qophaa'e kan akka qophii humna hojii keessatti hirmaachuu, beekumsa faayinaansii yookan barnoota gabaabaa ogummaa-duraa jiran fudhadhaa.	Maqaa sochii, guyyaa, fi eessatti yookan akkamitti akka xumuurame
WorkSource	Leenjii hojjetaa qacaramaa WIOA Title I-B irratti hirmaadhaa	Maqaa sochii, guyyaa, fi eessatti yookan akkamitti akka xumuurame
WorkSource	WIOA Title I-B kaffaltii qabu yookan muuxannoo hojii kaffaltii malee yokan shaakala hojii irratti hirmaadhaa	Maqaa sochii, guyyaa, fi eessatti yookan akkamitti akka xumuurame
WorkSource	Leenjii-hojii-irraa WIOA Title I-B irratti hirmaadhaa	Maqaa sochii, guyyaa, fi eessatti akka xumuurame
Kan biraa	esd.wa.gov/labormarketinfo irratti qorannoo gabaa humna hojii godhaa	Geessituu yookan suuraa fuula odeeffannichaa

Kan biraa	Mata-duree hojii barbaaduu (fakkeenyaf xalayaa haguuggii akkamitti akka barreessan, guduunfaa gabaabduu seenaa hojii barreessuu yookan dandeettiiwwan af-gaaffii) irratti viidiyoo sarara interneetii irraa, fakkeenyaf viidiyoo YouTube daawwadhaa	Geessituu viidiyicha yookan fuula viidiyoo jalqabsiisu suuraa kaasaa	
Kan biraa	Agarsiisawwan hojii fayyadamuuf yookan yeroo af-gaaffii "haasaa seensaa" sekondii 30 qopheessaa	Suuraa kaasaa yookan galmeessaa	
Kan biraa	Akkaawuntii haaraa banaa yookan isa marsaritiiwwan hojii barbaaduu (Indeed, LinkedIn, Glassdoor, CareerBuilder, Monster, Google Careers, yookan kan biroo) irraa qabdan haaromsaa akkasumas iddoo duuwwaa hojii bahanii barbaadaa	Geessituu yookan suuraa piroofaayilii keessanii fi beeksisoota hojii	
Kan biraa	Akkaawuntii uumatii guduunfaa gabaabduu seenaa hojii keessanii fi xalayaa haguuggii iyyannoowwan hojii barbaacha hojii sarara interneetii irraa waliin maxxansaa (Job Scan, Bright Move, Hiring Solved, yookan kan biraa)	Geessituu yookan suuraa fuula akkaawuntiin milkiidhan uumamuu agarsiisuu fi beeksisa hojii murtaa'aa	
Kan biraa	Leenjisaa hojii yookan tajaajila dhuunfaadhaaf galmaa'aa	Geessituu yookan suuraa waliigaltichaa	
Kan biraa	Ejensii, qacaraa yookan bakka bu'aa qacaraa hojii dhaabbataa biratti galmaa'aa	Fuula galmaa'uu keessan galmeessu suuraa kaasaa	
Kan biraa	Weebinaarota yookan barnoota hojii barbaaduudhaan walqabatan ejensiiwwan hojii qacarsiisaniin ispoonsarii ta'an irratti hirmaadhaa	Geessituu yookan suuraa fuula guutamuu galmeessuu	
Kan biraa	Agarsiisa hojii yookan qophii qacarrii kan qaaman hordofan yookan virchuwaalii irratti hirmaadhaa akkasumas qunnamtii godhaa yoo xiqqaate qacaraa tokko dubbisaa	Xalayaa galmee yookan iimeelii bakka bu'aa agarsiisa hojii irraa ergame; maqaa daldalaa, odeeffannoo akkamitti akka walqunnamtii gootan irratti (qaaman,	X

		sarara interneetii irraan, bilbilaan, iimeelii, yookan kan biraa) qacaraa yookan odeeffannoo qunnamtii daldalaa	
Kan biraa	Daawwannaa hojii virchuwaalii yookan fageenyaa irratti ilmaadhaa	Garagalcha xalayaa yookan iimeelii nama hojii isaa daawwattan irraa ergamee. Yoo daawwannaan hojii kuni qixa hojii banaa ta'e tokkoof ta'e, faayidaalee babal'ataniif akka qunnamtii qacaraatti fudhatama.	X
Kan biraa	Kilabii hojii dhuunfaa yookan hawaasaa keessatti hirmaadhaa	Xalayaa yookan iimeelii duursaa kilabichaa yookan ispoonsara irraa ergame	
Kan biraa	Leenjii-hojii-irraa (OJT) irratti hirmaadhaa	Maqaa dhaabbataa, gosa gita hojii fi eessaattii fi akkamitti akka guuttan. Yoo daawwannaan hojii kuni qixa hojii banaa ta'e tokkoof ta'e, faayidaalee babal'ataniif akka qunnamtii qacaraatti fudhatama.	X
Kan biraa	Tarreeffama fedhii sarara interneetii irraa guutaa (fkf. Strong, My Next Move, Myers/Briggs)	Geessituu yookan suuraa iskiriinii bu'aawwan keessanii	
Kan biraa	Qorannoo ACT WorkKeys guutaa	Geessituu yookan suuraa iskiriinii bu'aawwan keessanii	

Kan biraa	Ragaa Qophii Hojii Biyyaalessaa fudhadhaa	Suuraa iskiriinii yookan garagalcha waraqaa ragaa iskaanii ta'ee
Kan biraa	Dandeettiwwan ogummaa yookan barnoota kompiyuutaraa irratti hirmaadhaa	Suuraa iskiriinii yookan garagalcha nagahee galmee keessanii
Kan biraa	Barnoota yookan kutaa beekumsa kompiyuutaraa fudhadhaa	Suuraa iskiriinii yookan garagalcha nagahee galmee keessanii
Kan biraa	Barnoota yookan daree English as Second Language (ESL) jedhu keessatti hirmaadhaa	Maqaa, guyyaa fi iddoo, suuraa iskiriinii yookan nagahee galmee iskaanii ta'e
Kan biraa	Barnoota LinkedIn Learning dhan mirkanaa'an, yookan barnoota waltajjii barnootaa walfakkaatoo sarara interneetii gubbaa waraqaa ragaa xumuuruu keessan ibsan kennanii keessatti hirmaadhaa.	Geessituu yookan suuraa iskiriinii barnoota xumuuruu agarsiisu
Kan biraa	Kaffaltii qabu yookan muuxannoo hojii kaffaltii malee yokan shaakala hojii irratti hirmaadhaa	Xalayaa yookan iimeelii qacaraa irraa dhufe
Ofiin kan of qacaran fi/yookan abbaa daldalootaa QOFA	Daldala keessan maamiloota haaraa fi carraa dhufuu qabaniif beeksisaa.	Geessituu yookan suuraa iskiriinii beeksisa keessanii (dijiitaalii, gaazexaa, miidiyaa hawaasaa fkk.)
Ofiin kan of qacaran fi/yookan abbaa daldalootaa QOFA	Caarataa hojiilee.	Garagalcha yookan suuraa piroopozaalii caaratichaaf galee.

Ofiin kan of qacaran fi/yookan abbaa daldalootaa QOFA	Maamiloota carraa dhufuu qaban yookan kan duraa dubbisuu.	Maqaa, guyyaa qunnaman fi odeeffannoo qunnamtii (iimeelii yookan lakkoofsa bilbilaa) maamila dubbifamee.
Ofiin kan of qacaran fi/yookan abbaa daldalootaa QOFA	Dandeettiwwan daldalaan walqabatan ijaarrachuuf yookan daldala haaraa barachuuf weebinaarii yookan workishoppii hordofuu.	Xalayaa galmee yookan iimeelii hirmaannaa mirkaneessu, yookan waraqaa ragaa workishoppii yookan weebinaarii xumuuruu agarsiisu.
Ofiin kan of qacaran fi/yookan abbaa daldalootaa QOFA	Tajaajiloota daldaloota xixiqqoo fayyadamuu, yookan ogeessa SBDC (Small Business Development Center, Giddugala Daldaloota Xixiqqoo Dagaagsuu) mariisisuu. (Fakkeenyaf tajaajiloota marsaaritiiwwan kan akka www.business.wa.gov or www.sba.gov irratti fayyadamuu.)	Suuraa iskiriinii tajaajila marsaaritii daldala xiqqaa daawwachuu fi irratti hirmaachuu keessan ragaa bahuu. Maqaa fi odeeffannoo qunnamtii ogeessa SBDC.
Ofiin kan of qacaran fi/yookan abbaa daldalootaa QOFA	gochaawwan biroo carraaqqiiwwan itti fufaa fi socho'aa daldala keessan ijaaruf godhaman agarsiisan.	Suuraa iskiriinii yookan suuraa iskiriinii eeyyama ogummaa keessan Qajeelcha Beekamtii (Department of Licensing) biratti haaromsiisuu yookan eeyyama daldalaa Qajeelcha Galii (Department of Revenue) biratti haaromsiisuu keessan agarsiisu.

	Maqaa fi odeeffannoo qunnamtii hojjetaa liqii daldalaa keessanii.
	Marsaaritii daldala keessaniitif suuraa iskiriinii haaromsoota marsaaritii chaappaa yeroo qabu ofi irraa qabu.
	Suuraa iskiriinii qophii hariiroo uumuu irratti hirmaattan yookan qopheessitanii.

* Sagantaa EB (Extended Benefits, Faayidaalee Dheereffamanii) torbeewwan dabalataa faayidaalee 20 eeyyama garuu istiikarii ulaagaalee barbaacha hojii waliini. Gochaawwan gabatee irratti mallattoo mirkaneessuu qaban jechuun ulaagaalee barbaacha hojii istiikarii EB ni guutu jechuudha. EB'n yeroo ammaa isteetii Washington keessatti hin argamu.

Gaaffilee Irra Deddeebi'amanii barbaacha hojii irratti Gaafataman (FAQ)

Ani Deeggarsa Hoji-dhabdummaa Weeraraa (PUA) fudhachaan jira. Hojii barbaadun qabaa?

Eeyyee. PUA irra jirtanis, yoo xiqqaate sochii hojii barbaaduu mirkanaa'e tokko xumuuruun isin irraa eegama. Nuti yoo xiqqaate sochiiwwan sadi akka xumuurtan isin jajjabeessina sababni isaas:

- **Faayidaalen PUA jalqaba Fulbaana 2021 dhaabachuuf saganteeffamanii jiru.** Sana dura si'aayinaan hojii barbaadun, faayidaalen osoo hin deemin akka duursitan isin gargaara.
- **Rakkoowwan gara fuulduraatti uumamuu malan ittisa.** Yoo iyyata keessan irra deebin gamaggamuun nu barbaachisee fi torbeewwan darban keessan PUA osoo hin taane hoji-dhabdummaa beekamaa ta'eef gahumsa akka qaban barre, barbaachawwan sadi xumuurun faayidaalee hoji-dhabdummaa beekamaa ta'eef ulaagaa ni guuta akkasumas rakkoowwan yookan kaffaltiiwwan darbaa kaffalaman torbeewwan darbanii ittisuu mala. Fuula Potential new claim alert marsaaritee keenyaa irratti (Ingiliffaan) maalif iyyata keessan irra deebinee akka gamaggamnu dabalata baruu dandeessu.

Ani sababan rakkoo balaa COVID-19 dhaf saaxilamuu olaanaa qabuuf hojjechuu hin danda'u. Ani ammallee gochaawwan hojii barbaaduu xumuurun na barbaachisaa?

Eeyyee. Yoo hoji-dhabaa taatan, faayidaaledhaaf gahumsa kan qabdan taatanii turuuf, seerri gochaawwan hojii barbaaduu barbaadaman dirqama xumuurun akka qabdan gaafata.

- Sochiilen virchuwaalidhaan raawwatamuu danda'an hedduun akka jiran yaadadhaa.
- Akkasumas hojii mijitaa mana taa'un hojjetamu barbaaduu itti fufuu dandeessu.

Ani Beenyaa Hoji-dhabdummaa Yeroo Hatattamaa (PEUC) fudhachaan jira. Ulaagaalen hojii barbaaduu anaaf kan addaatii?

Lakkii. ulaagaalen hojii barbaaduu keessan kanneen inshuraansii hoji-dhabdummaa beekamaa irra jiranii waliin tokkuma. Faayidaaledhaaf gahumsa kan qabdan taatanii turuuf, dirqama torbee torbeedhan yoo xiqqaate gochaawwan hojii barbaadu mirkanaa'an sadi xumuuruu qabdu.

Ani ofiin kan of-qacaree fi/yookan abbaa daldalaati. Ani ammallee gochaawwan hojii barbaaduu xumuurun na barbaachisaa?

Eeyyee. Faayidaaledhaaf gahumsa kan qabdan taatanii turuuf, akka seeratti gochaawwan hojii barbaaduu xumuuruu qabdu. Yoo PUA fudhachaa jiraattan, yoo xiqqaate tokko xumuuruu qabdu. Yoo hoji-dhabdummaa beekamaa fudhachaa jiraattan, yoo xiqqaate sadi xumuuruu qabdu.

Waa sadi beekuu qabdan:

1. Gochaawwan hedduun qacartoota biroo biratti hojiidhaf iyyachuu hin dabalatan.
2. Ulaagaa kana guutun isiniif akka mijatu gochuuf, gochaawwan of-qacartootaa fi abbootii daldalaa ilaallatan mirkanaa'oo itti daballee jirra.
3. Ulaagicha guutudhaaf gochaawwan mirkanaa'an keessa kamiyyuu xumuuruu dandeessu. Isaan of-qacartootaa fi/yookan abbootii daldalaatif mirkanaa'an qofatti of murteessuu hin qabdan.

Sababa weerarichaatin hojii yeroo boqonnaatin hojjedha. Faayidaalee hoji-dhabdummaa argachuudhaf ammallee hojii barbaadun qabaa?

Eeyyee. Yoo hojii yeroo boqonnaa argattan illee, hojii yeroo guutuu mijataa barbaaduun isin irraa eegama.

Ani nama biraa kunuunsan jira, hojjechuu hin danda'u. Faayidaalee hoji-dhabdummaa argachuudhaf ammallee hojii barbaadun qabaa?

Eeyyee. Yoo nama biraa kunuunsaa jiraattan illee, faayidaalee hoji-dhabdummaatif gahumsa kan qabdan taatanii turuuf, dirqama ulaagaa hojii barbaaduu guutuu itti fufuu qabdu. Kunis daa'imman sababa weerarichaatin mana barumsaatin yookan kunuunsa guyyaa irraa ala jiran dabalata.

Faayidaalee Boqonnaa Maatii fi Yaala Fayyaa kaffaltii qabu fudhachaa jirtuu? Sagantaan kuni Inshuraansii Hoji-dhabdummaa irraa adda yommuu ta'u, ulaagaalee adda ta'an qaba. Yoo sababa yeroo gabaabadhaaf hojii irraa ala jiraattaniif fi miseensa maatii dhukkubsate yookan miidhame kunuunsaa jiraattaniif Boqonnaa Maatii yookan Yaala Fayyaa Kaffaltii Qabu fudhachaa jiraattan, ulaagan hojii barbaaduu hojii irra hin oolu. Waa'ee sagantichaa odeeffannoo dabalataa argachuudhaf gara paidleave.wa.gov (Ingiliiffaan) deemaa. Inshuraansii hoji-dhabdummaa fi Boqonnaa Maatii fi Yaala Fayyaa kaffaltii Qabu yeroo walfakkaatutti fudhachuu hin dandeessan.

Hojii naaf dhihaate qaba garuu hanga ulaagan hojii barbaaduu hojii irra oolutti hin jalqabu. Hojii haaraa jalqabuu kiyyaan dura, faayidaalee hoji-dhabdummaa argachuudhaf ammallee hojii barbaadun qabaa?

Lakkii, of-eeggannaadhaf iyyachuu isin barbachis. Of-eeggannoon hanga hojii barbaaduu dhiisudhaaf sababa mirkanaa'e qabaattanitti, hojii osoo hin barbaadin faayidaalee argachuu akka itti fuftan isiniif eeyyama. Waa'ee of-eeggannoo fuula Hojiidhan ala ta'uu yeroo gabaabaa, of-eeggannoo fi eeyyama haftee sababa tajaajila addaatin kennamuu marsaaritii keenyaa irratti (Ingiliffaan) dabalata baradhaa.

Yeroo hojii barbaadun hafee ture sanatti, jalqaba bara kanaa yookan jalqaba weerarichaatti of-eeggannoodhaf iyyadheen ture. Yommuu ulaagaan hojiitti deebi'u of-eeggannoo haaradhaaf iyyata galfachuun narra jiraa?

Iyyannaawwan of-eeggannoo jalqaba weerarichaatti godhaman kana booda fudhatama hin qaban. Amma Adoolessa 4, 2021 irraa kaasee ajajni hojii barbaaduu akka hafu godhame waan kaafameef, isin yookan qacaraan of-eeggannoo lammata gaafachuu isin barbaachisa. Kana akkamiti akka raawwatan fuula Hojiidhan ala ta'uu yeroo gabaabaa, of-eeggannoo fi eeyyama haftee sababa tajaajila addaatin kennamuu marsaaritii keenyaa irraa (Ingiliffaan) dabalata baradhaa.

Faayidaalee hoji-dhabdummaa gaafachuuf ulaagaalen bu'uuraa maalfaadha?

Yommuu faayidaalee hoji-dhabdummaa gaafattan, dirqama kan armaan gadii guutuu qabdu:

- Hojjechuu danda'uu qabdu.
- Hojiidhaf kan argamtu ta'uu qabdu.
- Yoo nuti akka hin baarbaanne isinitti himne malee, hojii si'aayinaan barbaaduu qabdu.
- Giddugala qacarrii WorkSource yookan giddugala qacarrii naannoo biratti (yoo Washington ala jiraattan) galmaa'uu qabdu.

Yommuu faayidaalee hoji-dhabdummaa fudhattan, faayidaaledhaaf gahumsa qabaachuu itti fufuuf, dirqama hojii mijataa si'aayinaan barbaaduu fi galmee hojii barbaaduu keessan qabachuu qabdu. Torbee hunda gochaawwan hojii barbaaduu mirkanaa'an makaman waliigalaa sadi galmeessuun isin irraa eegama. Odeeffannoo kana sarara interneetii irraan yommuu iyyata torbee galfattan galmeessuu dandeessu yookan yoo bilbilaan kan iyyata galfattan ta'e, galmee hojii barbaaduu

waraqaa keenya (Ingiliffaan) fayyadamuu dandeessu. WorkSource sagantaalee fi tajaajiloota akka hojiitti saffisaan deebitan isin gargaaruu danda'an qaba.

Hojii barbaaduu raawwachuu fi galmeessutti yommuu dhufnu, dogongoroota faayidaalee fudhattan akka deebistan godhuu danda'an hambisuudhaf dirqamoota keessan beekun barbaachisadha.

Gochaa walfakkaatu si'a tokkoo ol gochuudhan akka barbaacha hojii baay'etti akka lakkaa'aman gochuu nan danda'aa?

Lakkii. Gochaa walfakkaatu si'a tokkoo ol gochuudhan akka lakkaa'amu gochuu hin dandeessan. Fakkeenyaf:

- Viidiyoo tokko yeroo hedduu daawwachuu, yookan hojii tokkoof si'a hedduu iyyachuudhan akka lakkaa'amu gochuu hin dandeessan.
- Torbee tokko keessatti viidiyoowwan adda addaa hojii barbaadudhaan walqabatan (fakkeenyaf, tokkicha muuxannoowwan gaggaarii af-gaaffii fi tokko immoo guduunfaa gabaabduu seenaa hojii barreessuu irratti) daawwachuu, yookan dhaabbata tokko keessatti hojiiwwan adda addaa irratti iyyata galfachuudhan akka lakkaa'aman gochuu dandeessu.

Waajjira WorkSource naannoo keessanitti yookan Giddugala Hojii Ameerikaatti galmaa'un isin irraa eegamaa?

Yoo Washington keessa jiraattan, erga takka iyyata hoji-dhabdummaa galfattanii booda, karaa ofummaa'en karaa waajjira WorkSource isteetii Washington hojiidhaf galmooftu. Ramaddichi ziip koodii keessan irratti hundaa'a. Yoo Washington ala jiraattan, guyyaa kaffaltii faayidaa hoji-dhabdummaa jalqabaa keessan itti fudhattanii irraa kaasee, torbee tokko keessatti Giddugala Hojii Ameerikaatti galmaa'uu qabdu. Yoo jalqaba faayidaaledhaaf Washington irraa iyyattanii, sana booda Yunaayitid Isteetis keessa yookan gara Kaanaadaatti deemtanii fi ulaagaalee guutuu itti fuftan, faayidaaledhaaf gahumsa kan qabdan taatanii turtu. Dirqama bakka jirtanitti hojii barbaaduu fi hojiidhaf galmaa'uu qabdu. Waajjira WorkSource isinitti dhihaatu (Ingiliffaan) argachuudhaf gara WorkSourceWa.com deema.

Maalan godha yoon isteetidhaan ala jiraadhe?

Yoo isteetii biraa keessa jiraattan yookan gara iddoo haaratti deemtan, guyyaa kaffaltiin jalqabaa keessan iyyata haaraa yookan irra-deebin baname irratti bahee kaasee, torbe tokko keessatii Giddugala Hojii Ameerikaatti galmaa'uu qabdu. Giddugala Hojii Ameerikaa (Ingiliffaan) servicelocator.org irratti argachuu dandeessu. Yeroo baay'ee sarara interneetii irratti galmaa'uu maltu. Akkamitti adeemsa galmee akka xumuurtan baruuf waajjira naannoo keessanii dubbisaa.

Yoo hojiidhaf hin galmoofne, faayidaalee torbeewwan hunda itti hin galmoofnee hin argattan.

Yoon biyyaa ala jiraadhe hoo?

Yoo Yunaayitid Isteetis, Poortoo Riikoo, yookan Odoloota Virjin U.S. ala jiraattan, dirqama hojii fageenyaa yookan qaaman argamuun hojjettan kan biyya qaaman keessa jiraattan keessatti hojjechuudhaf seeran isiniif eeyyamu barbaaduu qabdu.

Yoo sababa qacarrii argattaniif hojii itti fufuudhaf gara Yunaayitid Isteetis, Poortoo Riikoo, yookan Odoloota Virjin U.S daftanii deebi'uu dandeessan, akkasuma iddoowwan kanneen keessatti hojii barbaaduu dandeessu.

Ulaagaalee hojii barbaaduu irratti haalonni addaa jiruu?

Eeyyen, garuu haalota murtaa'anitti murtaa'u. Nama hunda jechuun ni danda'ama – fayyadamtoota PUA dabalatee – dirqama hojii mijataa barbaaduu qabu. Haalonni addaa:

- Leenjiiwwan akka Leenjii Koomishinaraan Mirkanaa'e yookan Faayidaalee Leejitiif isin mirkaneessina.
- SharedWork dhaf isin eeyyamna.
- Standby dhaf isin eeyyamna.
- SEAP (Self-Employment Assistance Program, Sagantaa Deeggarsa Ofiin-of Qacarrii) dhaf isin eeyyamna.
- Karaa gamtaa riiferaalii guutuu bobbaafamtu.
- Isin rartokkeedhan hoji-dhabaadha (akkasumas qajeelchichaan mirkanooftan).
- Isin sagantaa shaakala elektirikaa mirkanaa'ee keessatti leenji'aa elektirikaa socho'aa jiruudha.
- Qaama daree barnootaa leenjii shaakala dirqamaa hirmaachudhaaf mirkanooftan.
- Isin qaama fincilaa yookan qoqqobbiiti.

Kan armaan gadii yoo ta'e, gochaa hojii barbaadu tokko qofa xumuuruu isin barbaachisa.

- **PUA fudhachaa jiraattan.** Nuti, haa ta'u malee, yoo PUA fudhachaa jiraattan gochaawwan hojii barbaaduu mirkanaa'aa sadi akka xumuurtan isin gorsina. Dabalataan baruuf, gaaffii waa'ee PUA fuula kana irratti ilaalaa.
- **Sababa miidhaa mana keessatiin yookan namni dhokatee isin hordofu waan jiruuf hojii dhaabdan.** Yoo qajeelchi sababa miidhaa mana keessatiin yookan namni dhokatee isin hordofu waan jiruuf hojii akka dhaabdan murteessee jiraate, faayidaaledhaaf gahumsa qabaachuu itti fufuudhaf torbeetti gochaa hojii barbaaduu mirkanaa'aa tokko qofa xumuuruu isin barbaachisa.

Iyyattoonni biroo hundi gochaawwan hojii barbaaduu mirkanaa'aa sadi akka xumuuran isaan irraa eegama. Yeroo iyyata hoji-dhabdummaa galfattanitti, ulaagaalee hojii barbaaduu keessan isin beeksifna.

Hubachiisa: Yoo miseensa gamtaa riiferaalii guutuu (full-referral union) taatan, dirqama ulaagaalee bobbaasa gamtaa keessanii guutudhaan hojii barbaaduu qabdu. Gamtaa riiferaalii guutuu (full-referral union) jechuun, gamtaa miseensota isaa riiferaalidhaan yookan bobbaasudhaan hojiitti ergu agarsiisa.

Gochaawwan hojii barbaaduu koo dhiifamuu isaanii akkamittan beeka?

Tooftaa xalayaa filattaniin barreeffamaan isin beeksifna. Yoo qajeelchan akka hin barbaanne beeksifamtan malee, dirqama hojii barbaaduu qabdu. Yoo hojii barbaadun isin irraa kan eegamu ta'e, torbee itti iyyata faayidaalee galfattan hunda keessatti dirqama ulaagaalee hojii barbaaduu isteetii Washington guutuu qabdu (yoo nuti akka hin barbaanne isinitti himne malee).

Odeeffannoon qunnamtii qacaraa maali

Yommuu waa'ee ramaddii hojii gaafattan, qunnamtichi akka gochaa hojii barbaadutti akka lakkaa'amuuf, ramaddicha irratti iyyata galfachuuf sadarkaawwan hunda hordofuu qabdu. Yeroo waa'ee hojii gaafattan yookan iyyata galfattan qacaraa dubbistu. Yoo hojiidhaf iyyata galfattanii, yookan waa'ee hojichaa gaafattanii, qacaraan qacaraa akka hin jiraanne yookan iyyannaawwan fudhachaa akka hin jirre bartan, yoo qacarichi qacaraa akka hin jirre yookan iyyannaawwan akka hin fudhanne hin beektan ture, ammallee gaaffii keessan akka qunnamtii qacaraatti lakkaa'uu maltu. Dhugaa sana galmee barbaacha hojii keessan keessatti ibsuu qabdu. Qacaraa karaa armaan gadiitin qunnamuu dandeessu:

- Iimeeliidhaan
- Faaksiidhaan
- Interneetiidhaan
- Xalayaadhan
- Bilbilaan
- Qaaman argachuudhan
- Virtual meeting using conferencing services like Skype, Zoom, etc.
- Kiyooskii qacaraan ofiin-of itti keessummeessu

Barbaacha hojii kiyya akkamittan galmeessa?

Yoo iyyata torbee galfachuudhaf eServices fayyadamtan, faayidaaledhaaf gahumsa qabaachudhaaf gochaawwan hojii barbaaduu eServices irratti galchuu isin barbaachisa. Gaaffilee eServices keessa jiran qofa hordofaa. Iyyata torbee keessan karaa eServices sarara interneetii irratti yoo galfattan illee, galmee barbaacha keessanii qabachuu akka barbaaddaniif, ragaa gochaa hojii barbaaduu keessan isin gaafachuu dandeenya. Yoo akka gaafanne malee, ragaa gochaawwan keessan mirkaneessan dhiheessuu hin qabdan.

Iyyata torbee keessan bilbilaan yoo galchitan, galmee barreeffamaa gochaawwan hojii barbaaduu keessan qabachuu isin barbaachisa. Teempileetii galmee barbaachaa (Ingiliffaan) nuti dhiheessinu akka fayyadamtan filanna, garuu ragaa gochaawwan hojii barbaaduu keessan galmee filattan irratti olkaa'uudhaf bilisa. Yoo akkas gootan, hojii mijataa barbaadudhaaf sochii godhaa akka jirtan agarsiisudhaaf odeeffannoo barbaadaman qabaachuu qaba. Yoo gaafanne, galmee kana agarsiisuu isin barbaachisa. Torbee torbeedhan iyyata galfachuu erga dhaabdan illee, ragaa gochaawwan barbaachaa gaafachuuf isin dubbisuu akka mallu maaloo yaadadhaa.

Odeeffannoo gahaa hin taane galmeessuu hambisuuf, galmee hojii barbaaduu (Ingiliffaa) nuti kenninu fayyadamaa. Maaloo qalama gurraacha fayyadamuun akka mul'atutti maxxansaa.

Galmee barbaacha hojii galchuun qabaa?

Lakkii, garuu yeroo kamiyyuu isa ilaaluf gaafachuu malla. Waggaan faayidaa keessan erga dhumee booda, dirqama yoo xiqqaate guyyoota 30 yookan erga faayidaalee fudhachuu dhaabdanii booda guyyoota 30 olkaa'uu qabdu. Yoo gaafanne malee nuuf erguu hin qabdan.

Hojii mijaawaa barbaadaa jiraachuu keessan mirkaneessu. Yoo gamaggamaaf filatamtan yookan waa'ee barbaacha hojii keessanii gaaffii qabaanne, gargalcha galmee(wwan) barbaacha hojii keessan ni gaafanna, isinis akka gaafatamtanitti isaan dhiheessuu qabdu.

Hojii mijataa barbaadaa jiraachuu keessan mirkaneessuf, faayidaaledhaaf gahumsa qabaachuu keessan gamaggamuuf fi yeroo barbaachisetti, akkamitti akka barbacha hojii keessan fooyyesitan irratti yaada kennuuf sagantaa qabsiisuf xalayaa isiniif erguu malla. Af-gaaffiin keessan bilbilaan yookan qaaman ta'uu baruuf xalayicha sirritti dubbisaa. Galmee(wwan) barbaacha hojii keessan qophii godhaa. Galmeen keessan yoo bade yookan guutuu hin taane, yookan hojii mijataa barbaaduf carraaqqii dhugaa godhaa yoo hin jiraanne, faayidaa isin dhorkuu malla. Sana booda, faayidaalee torbeewwan hunda ulaagaalee hojii barbaaduu itti hin guunne keessa fudhattan deebisuu qabdu.

Yoo ulaagaalee hojii barbaaduu kabajuu keessan agarsiisuu dandeessan illee, carraaqqii hojii barbaaduu keessan akka jijjiirtan yookan haala galmee fooyyessitan isin gorsuu malla. Akkasumas ulaagaalee guutaa jiraachuu keessan mirkaneessudhaaf beellama dabalataa saganteessuu malla.

Galmeen keessan yoo bade yookan guutuu hin taane, yookan hojii mijataa barbaaduf carraaqqii dhugaa godhaa yoo hin jiraanne, faayidaa isin dhorkuu dandeenya. Yoo faayidaalee keessan dhorkine, faayidaalee torbeewwan ulaagaalee hojii barbaaduu itti hin guunne keessa fudhattan deebisuu qabdu. Dabalataan, torbeewwan itti iyyattan hundaaf gamaggama gochaawwan hojii barbaaduu keessaniitif ni saganteessina.

Gabaa hojii keessan keessatti affeerraa hojii ogummaawwan, dandeettiwwan, fi wantoota biroo ogummaa keessanii irratti hundaa'udhaan fudhachuu qabdu. Yoo ogummaa keessan yookan naannoo ji'oogiraafii keessan keessa hojiilen xiqqoon jiraatan, barbaacha hojii keessan bal'isuu maltu. Fakkeenyaf, hojii virchuwaalii yookan damee yookan iddoo addaa barbaaduu yaada keessa galchuu maltu.

Brabaacha keessan hojiilee gara fuulduraatti jalqabanitti daangessuu hin dandeessan. Fakkeenyaf, yoo boqonnaa bonaa irra konkolaachisaa awutoobisii mana barumsaa taatan, barbaacha keessan hojiilee arfaasaa keessa jalqaban yookan yeroo manni barumsaa jalqabu xumuuru irratti daangessuu hin dandeessan. Fuula hojii diduu (Ingiliffaa) marsaaritii keenya irraa irratti dabalata baraa.

WorkSource akkamitti hojii barbaaduu kiyya irratti na gargaara?

Waajjirri WorkSource isteetii Washington keessaa, fi shariikonni isteetota biroo keessaa, neetworkii Giddugala Hojii Ameerikaa keessatti shariikota. Hojii barbaaddotaa fi qacartootaf qacarrii fi tajaajila leenjii kennu. Tajaajiloonni hedduun isaanii bilisa. Waajjira WorkSource isinitti dhihaatu (Ingiliffaan) argachuudhaf, gara WorkSourceWa.com deema.

Yoo Washington ala jiraattan, Giddugala Hojii Ameerikaa dhihoo jiru careeronestop.org irratti (Ingiliffaan) argadhaa yookan 877-872-5627 bilbilaa. Waajjiroonni WorkSource barnootawwan barbaachisoo ta'an, workishoppiiwwan fi tajaajiloota biroo ulaagaalee barbaacha hojii torbee guutuu irratti isin gargaaruu malan kennu.

Kan armaan gadii tarreeffama tajaajilota virchuwaalii fi qaaman WorkSource kennuudha:

- Qorannoowwan dandeettiwwanii fi qajeelfama hojii.
- Tarsiimoowwan Hojii ittiin argatan.
- Odeeffannoo waa'ee hojiileen hammam akka kaffalan, fi hojiilee kamfaatu baay'inaan akka barbaadaman.
- Hojiilee bahanitti, virtuwaalii fi qophiiwwan qaaaman qacaranitti riiferaalota erguu.
- Tajaajilota deeggarsa barbaacha hojiitif riiferaalotaa fi beellamoota.
- Deeggarsa guduunfaa gabaabduu seenaa hojii qopheessuu fi af-gaaffiwwan hojiitif qophaa'uu.
- Tarsiimowwan hojii barbaaduu hojii barbaaddota birootif qooduu.
- Riifaraalota sagantaalee leenjii idilee akkasumas eeyyama leenjii sarara interneetii gubbaa bilisaa.
- Riifaraalota baankiiwwan nyaataa, gorsa kireeditii bilisa, fayyaa, manaa, deeggarsa tajaajiloota bu'uuraa fi qabeenyota hawaasaa biroo hedduu hoji-dhabdummaa dandamachuu isin gargaarudhaaf Akkasums qabeenyota dabalataatif 211 irratti bilbiluu dandeessu.

Faayidaalee Dheeffaman fudhachaan jira. Ulaagaalen hojii barbaaduu sagantaa kanaafis walfakkaatadhaa? *(Hubachiisa: Faayidaalen Dheereffaman isteetii Washington keessa hin jiran. Dabalata baruuf gara* Fuula faayidaalee dheeressuu *deemaa.)* (Ingiliffaan)

Yoo torbeewwan 26 hoji-dhabdummaa baratamaa keessanii fi PEUC federaalaa fixxan, Faayidaalee Dheereffaman, kan hanga torbeewwan 13 dabalataa faayidaalee eeyyamuuf gahumsa qabaachuu maltu. Sagantaan kuni ulaagaalee hojii barbaaduu cimaa qaba, kunis ulaagaalee hojii barbaaduu hoji-dhabdummaa baratamaa irraa adda ta'aniidha. Bu'aan ulaagaalee hojii barbaaduu kana guutuu dhabuu guddaadha. Yoo Faayidaalee Dheereffamaniif iyyattanii fi dabartan, barbaacha hojii raawwachuuf qajeelfamoota isiniif ergina. Waa'ee Faayidaalee Dheereffamanii fi akkamitti akka Fuula dheereffamoota faayidaa irratti iyyata galchitan (Ingiliffaan) dabalata baradhaa.

Employment Security Department
WASHINGTON STATE

Hojii Barbaaduu Irratti Deeggarsa Argadhaa

Hojii barbaaduu irratti akka isin gargaaruf ogeessa ramadamaa waliin walqunnamuu ni barbaadduu? WorkSource isiniif jira!

Hojjettoonni WorkSource qacartoota amma hawaasa keessan keessatti qacaraa jiran waliin wal isin qunnamsiisu, carraawwan leenjii adda isiniif baasu yookan iyyataa fi dandeettiwwan af-gaaffii keessan akka fooyyessitan isin gargaaru.

Wanti gootan kunooti:

- Karaan hundarra gaarii ittiin miseensa garee WorkSource qunnaman virchuwaalidha.
- Yoo kuni isiniif hojjechuu baate, waajjiroonni WorkSource muraasni tajaajiloota qaaman kennamaniif banaadha. Kuni beellamaan qofa ta'uu mala.
- Filannoowwan tajaajiloota virchuwaaliidhaan fi qaaman kennaman naannoo keessan keessa jiraniif gara Fuula waajjira WorkSource barbaaduu (Ingiliffaan) deemaa.
- Ulaagaan hojiitti waan deebi'uuf, fedhiin tajaajiloota WorkSource guddaa akka ta'uu malu eegna. Karaa ogeessa WorkSource hawaasa keessan keessa jiru ittin qunnamtan hundarra gaarii argachuuf, maaloo fuula waajjira barbaadaa WorkSourceWA.com irraa (Ingiliffaan) ilaalaa.

Waajjira WorkSource naannoo keessanitti yookan Giddugala Hojii Ameerikaatt barbaadaa:

Washington: WorkSourceWA.com

Washingtonin ala: careeronestop.org yookan 877-872-5627

Qajeelchi Wabii Hojii (Employment Security Department) qacaraa/sagantaa carraa walqixaati. Namoota hir'ina qaamaa qabaniif, deeggarsoonni fi tajaajiloonni dabalataa yommuu gaafataman ni kennamu. Tajaajiloonni deeggarsa afaanii namoota gahumsa afaan Ingiliffaa daangeffame qabaniif kaffaltii malee bilisa argamu. Washington Relay Service: 711.